# Kupita ku Moyo

Nami bareese Elmer Mudorch

# Nami affaani Boranati deebise Abraham Bonaya Shedo


*Hegeri*

*Waan kana keesa*

*Dandeete wonti  gari*

*Kurfaau*

*Sid'owarti …*




Hegeri maro waan kanaati daramteefi, waanti kunini dandeete waani waaqa heregu sid'owarti. Yo akasi taatele atho atini bareefama kana somtu, waaqi dandae siti dubata

*Dubiini Waaqa ta bareefama kana keesa jirtu chufti kitaaba qulqullo Waaqa kessa baate.*

© Copy right 1971,1989,2004,2008,2017

## Hegeri waan waaqa, waan atini beetuti jira, ammo waan saditi ka atini qalbeefachu malteti jira.

**...Inni qaaroma** ch'ufa qaba ammalle waan siimale imbeeka

**...inni qulqullo,** ch'ubu woliini wold'aqissa inqabani ammalle itimura

**...inni naasuqaba** dandae fula sitimuru siararama maro duiisa yeso ta masqali gubaatifi. "Waaqi aka keeti injira? Eee Aabo Waaqa, atini ch'ubb namaa araaramte wollaala gumi teeti ta hafte biraa deemtaafi" Mika 7:18

Yeso kristo chalaati kara waaqani d'aqani, inni waani jed'e .... *"karaani ana, d'ugaafi jireennileeni ana; nami tokoleeni gara Abba ind'aqu, anaani d'aqu male."* Yohana 14:6

## Isii yaathi nami jiraatufi maani?

Namii garii waan jed'u – worra kiiya waliini gammadu, nama gammada tau, jireena dansa jiraachu, jireena quufa jirachu. Wanti kunin chufti dansa ammo dubiini Waaqa waani jetu yaathi gudaani nami jiraatufi aka Waaqa bekhu kara yeso kristotiini. Mee waan kana heregi. D'uguma akuma jaala kanke beetu Waaqale bekhu dandeeta.

*"Ammalle jireenni hegeri kana: aka atini Waaqa tokocha d'uga si beekhani, Yeso Kristole ka atini ergite bekhani"* Yohana 17:3

## Waaqi mama kunini waan kana barbaada:

- Aka daba ke ch'ufa sii araaramu
    - Aka jireenni kanke yaatha dansa argate tolu
        - Aka jireenna hegeri argatu yo lubbuni tante laftana irra demte

Wonti kunini ch'ufa keeti yo atini jireenna kanke Yeso kenite


Hegeri yo atini waani Waaqi maro naasufi jalala ufitifi sii kenne kana dide ya Waaqa biraa ufdabarsite, amale mura issa jala jirta (Yohana 3:36) Atini ya abba muraa uftolchite
Tanaafi gafini jabduuni atini woldetuni tana-

## ENNUTI JIREENNA KANKE MOHATA?

Sii mo Yeso? Bareesani arma achi hubacha waan kana si keniti.

## Nami ch'uftiinu ejjata kana shanani kessa toko guba jira.

Ejati kanke haga atini Waaqa irra fago jirtu si garsiisa. Ejati kunini ch'ufti aka onnen teena jirtu nu garsisa ammalle haga nu Waaqa irra fago jiru yokhani haga nu isati d'ianu mullisa. Yesoni ka waani kana barsisu jiru namicha d'uga barbadu tokoon waan jede, *"atini finna Waaqa irra fago injirtu."* Mariko 12:24





***Atini ejata kana gubba jirta?***

# Wa yaalu d'abisa

Hegeri waan Yesotifi waan baafama bekhu Dandeta, amo dugaan jirtu atini waan kana womaati indartu.


Wa yaalu d'abisi Waaqa bekhu sid'owa, ammo waaqa si yaalu ind'owu.... Waaqi ya jaalala ufi nu agarsiise, ato nu daba keesa jirru kristoni nuu jed'e due!" Rumi 5:8



## Wayaalu

Atini waan jireenni kanke ka afuura barbachisu hubate ammalle deebisa waan sunni barbaada.

Hegeri dua, fuuda ch'ape, huji d'abiisa, yokaani gorsi jaalowani ya siqarqare aka atiini aka kessi ke duwa agartu yokaani irru tante ta afura hubatu. Wanti jireenni kanke ka afuura iruutifi maro atini wald'aqisa Yeso waliini inqamne. Aabboni waan jedu "isani na barbaadani, waan garaa tokooni na barbaadaniifi na agartani." Yeremia 29:13




***Atini ejata kana gubba jirta?***

## Wa yaalitini duga gari issini sigesitu....

## Walala fud'achu

Keesi kanke gaargaluuti jira maro Lubbun Qulqullooni wollaala kanketifi aka kesi ke duwa siti muliseefi.

Atini maro dansoma ketitifi yokhaani maro ire tetiini itijabaatefi waan jireena Waaqa argatu seeta. Gaafini atini ufi gafachuu malte, "issi annin d'ugumaani dansa? Annin seera Waaqa ch'ufa, harka diba keesa diba, heregafi huji tiyaleeni ya guute?" Yo atini akasi tolchite jireenna kanke dansaani gubaati ingalta. Matayo 19:17-19. "... Seeri aka nami daba tolchu ch'alla nama agarsiisa."

Rumi 3:20

### Yo atiini hagami aka dansaa beekhu feete, waani Waaqi namaani laalu kanaani ufi laali - SEERA KUD'ANI

Na maale, waaqota d'ibi inkad'atiini
Akheekha waan tokole boch'ite imid'afatiini
Maqa Waaqa ufumaa ind'aini
Guyya sabato qaabad'u, qulqullo tolfad'u
Abbeetiifi haateti saalfad'i
Nama inijeesiini
D'iirafi nad'eeni wolbaratte gaarayule woli intolfatini
Woma inhatiini
Nama tokole yakite waan d'araatiini inhimatini
Waan nami d'ibiini qabu tokole ind'arainiifi
(Bahisa 20:3-17)

Sunini ufi lalte jennaani waan hagami argaate seeta? Dabriitini d'iba keesa d'iba argachu. Waaqi kiilani inlaalu. Yakobo 2:10 "Wonti akanatiifi yo nami seera ch'ufa guute, ammo toko yake, inni ya seera ch'ufa ch'apse. Seeri aka afuufaa jira ka qaii d'iqaan tokoleeni hafuura kessa oofe yaku.




***Atiini ejata kana guba jirta?***

***Wollaala fud'achuuni gari issini nama gesitu…***

## Amma, gaafi jabdu taana me ilaali:

1. Atini seera Waaqa kana tokoole ch'apsite d'aaba tochite? ☐ Ee ☐ Hiyo

2. Ch'ubuni tante si gargalchiti? ☐ Ee ☐ Hiyo

3. Hagami si gargalchiti? ☐ D'iqo ☐ Gudo ☐ haga aka aniini watau na tolchu.

## Iradeebiiti

Jijiirama guda ka heregaafi onne kessa argate ammalle fooacha tolfate ch'ubu beekamte ch'ufa lakifte jireenna kankeele ufuumani demsisu lakifte mohano Waaqati ufkenita.

**Iradeebiiti…** ufiini jireena kanke mohachu lakisiiti aka Yesoni jireenna kanke keesati fula ufi argatu.

**Iradeebiiti…** Jireena d'ugeefachaatini fina duri irra jijiramu. Tunini waan tau male ato ind'ugeefatinu


**Iradeebiiti…** Maro ch'ubuutifi lalefacha ch'alaaniti. Iradeebiini lalefacha qabdi, ammo dandeete maro ch'ubutifi lalefata ka irra indeebine. Nami heduuni maro gargala ch'ubuuni itiini d'ufteetifi lalefata ammo maro ch'ubu sunitifi inlalefatu. "Lalefacha Waaqi hujiini hojate suniti garaa keesani gaargalche baafama isanii kenne, maro waan sunitiifi nu ufi ingaabinu! Ammo lalefachaani nama duisaani d'ufti." 2 Korintho 7:10

**Iradeebiiti…** ch'ubu lakisiiti ch'alaaniti. Nami garii dandae ch'ubu gari irra debia maro irjirti ufitifi (faya nafatifi, ulfina ufitifi,worra ufitifi, nagatha ufitifi) ammo maro chubuuni sunini Waaqa lalefachifteniti.

**Irradeebiiti…** wald'aqiisa hareesa keesati mara 55 irra jiru ya maqa d'aani.

Yeson waan jede "*waan anini isaniini jed'u, hiyyo, akasiiniti. Ammo yo isanileeni daba iraa deebiu baatani akasuma baddani.*" Luka 13:3

## Yosi iradeebiini bua akami qabdi?




***Yo atini ejata kanaani baate durumati deemi ejata buufata buqifad'i***

# DUGEEFACHA BAAFAMA YESO KEESA

## Ya kurfefate aka jireenna keetifi qabeena ketile Yeso Kristoni mohatu.

Tunini jijirama mohano onne teti, ufmohachu lakifte mohano Yeso jalti ufdebifta. Wonti akanatifi Yeson Waaqa ammalle maro teetifi masqali irrati due duisa keesa kae. Inni huji teetifi, worra ketifi, hori ketifi, baromsa ketifi, jireenna keetile irra jaba. Matayo 10:37-39, Luka 9:57-62, 1Korintho 15:3,4.

Luka 14:26, Yeson waan jed'u nami nati d'ufu haad'afi abba ufi yokhaani niitifi ijolle yokhaani oboleesafi oboleeti yokhaani jireenna ufile dura na hansu malle. Yo akasi intahini dandae nama kiyya intahu.


Yo atini issa ufbaafte ammalle d'ugumaani issa d'ugeefate Waaqi Lubbu Qulqullo sii kenna aka inni jireenna kanke keesa tau, akasiini ya worra waaqa kessati lameso d'allate. Waaqi amma abba jalala sii tae atileeni ijole Waaqa kessa toko taata, ammalle jijirama aka fed'i issa gula sii tolcha jirrenna kanke kessa.

**"Abbo Yeso d'ugeefad'u, duuba imbaafamta..." Huji 16:31**

Tanaafi waan maro d'ugeefachatifi nu amma Waaqani wolti nagaya qamna, maro Aabbo keenna Yeso Kristotifi. Rumi 5:1

"D'iiga Ilma issa ka masqali gubbati jigeeni nagaya tolche." Kolosai 1:20

**Dugefacha Baafama**



***Maro Waaqi ejjata kanani sigaefi, arra Kristoti uffi kenni.***

## Jechuma affaani keetitini Waaqani haasai…

**Daba kanke maaqa d'ai Waaqati himad'i.** Ufgudisiiti, d'ara dubacha, algalooma, nama araaramu d'abiisa, jiba…

**Waaqani daba kiyya irra debia jed'i** – ammalle yaatha qabaad'u aka daba kanke ka beetu ch'ufa lakifte amale ufuuma gara daba si gesitule lakiftu.

**Waaqani anini si ch'alla d'ugeefad'a jed'i** – isaa ufbaafte Yeso Kristole aka baasa jireena keeti fud'ata.

**Waaqi jecha uffi inguuta, sii ararame, jireenna ke seene, si haaromsa.**

Atiini dandeete onne te ch'ufaani ufbaafte yokhaani onne te chufaani ufbaasu d'abda. Fohachaani tante aka kessi ke d'agau irra jalqaabdi. Atiini yaatha ke ch'ufaani ya d'ugeefate aka waaqa gamachiftu, wanti kunini waan jabdu. Wonti dibiini nami d'ugeefatuufi indabarti ammo fohachaani onne teti hindabartu.

**Atiini amma Waaqa galateefad'i maro ijole issa taatefi ammalle maro jireena harresa argateefi.**

**AMMA WAAQA KAD'AD'I.**

## Wa afuri ka aka atiini baafamte si beesisa:

1 Seera Waaqa ya guute, kara daba irra deebiitititifi dugeefachatini, innileeni ka d'ugeefatame aka dubi uffi guutu. "wonti anini waan kana isanii t'aafufi, aka isani aka jireenna hegeri qabdani hubattani" 1 Yohana 5:13

2 Atini janooma qabda d'iiga Kristo ka maskali irrati jige keesa. "Inni d'iiga ufitiini nu bite nu baase, daba keenna nu araarame. Eebiti Waaqa ta inni guddise nuu kenne waan guddo. Efeso 1:7

3 Atiini ufi mohachu lakiifte jireenna ke Yeso Kristo, ka duiisa keesa kae, ka miirga ch'ufa qaabbuu keenite aka inni mohatu. "waan isani Kristo Yeso Aabbo keesani tolfattaniifi, isa keesa taa." Kolosai 2:6

4 Waaqi amma ya Lubbu Qulqullo si keesa kae. Onnen tanteetu sii mirkansiti aka atini ka Waaqa. "Lubbuuni Waaqa lubbu teennaani taka taateti, worri kunini ilmaani Waaq jette nuu d'ugeesiti." Rumi 8:16

## Jireeni haaresi Kristo keesa jijirama kanaani d'ufa...

1. **D'ara dubbi Waaqa baraachiisatiini d'ufa.** *"Aka ijoolle d'io d'alatte taha, nama hoja ch'ufa aanani qulqullo ka lubbuti beelau, aka eegi d'uddani gugurdattani baafamtani."* 1 Petero 2:2.

2. **D'ara Yeso sarmiisatiini d'ufa.** *"Yo na jaalatani, seera kiyya inguutani" Yohana 14:15*

3. **Ch'ubbu jibiisani d'ufa. Amma dandeene ch'ubbuuti ingamanu.** *"ammo yayabi Waaqi keyate dandae inchochou; ammalle dubbi tana irrati t'aafani: Aabbooni worra isaa ch'ufa fuula beekha; ammalle nami nama Waaqa ufiini jed'u hameenna lakisuu male jed'ani.*

4. **Worra bade barbadu d'araani** - *worra daba uffi irra indebiini ka ammalle Waaqa aka baasa imbeekini. "…ammo inni gudo isaani obsa; wonti akanatiifi inni nama tokole ka badu infed'u" 2 Petro 3:9*

---


**Yo gaafi yokhani qarqarsa feete kara kanani nu barbaadi:**
**SUTL Africa Hub**
**p.o. Box 113,00220 Kijabe**
**web: www.stepuptolife.com**
**email:sutlafricahub@gmail.com**

**Step Up To Life Ministries Nairobi**
**&**
**Cistern Materials Translation & Publishing Center,**
**P.O. Box 113,00220 KIJABE, KENYA**
**Tel: (+254) 0721330253/ 0710751219**
**Email: info@cisternmaterialscenter.com**
**www.cisternmaterialscenter.com**


---


For teaching/study and children's material, video or various language tract versions, contact us at (402) 933-4095
www.stepuptolife.com • sutlmail@aol.com

Step Up To Life Ministries
20301 Wirt Street
P.O. Box 730
Elkhorn, NE 68022 U.S.A.


Check out lifesajungle.com and our FREE app "Life's A Jungle" on iTunes and Google Play